## BOQONNAA DASDI: KAROORA AFAANIIFI AFHEDDUMMAA

### 3. Karoora Afaaniifi Afheddummaa (Language Planning and Multilingualism)

Afheddummaan akka waan sirrii hin taane tokkotti fudhatamuu ykn akka waan gadi aanaa ta'e tokkootti akka dubbattoonnii afaan Ingilizii hinilaalle oggeeyyiin afaanii nibeeku. Karaa biraan, afheddumman hawaasa addunyaa hedduu biratti waan sirriifi mudaa hinqabneefi barbaachisaadha. Ragaan istaatiksii dubbattoota afaan lamaa ykn afaan lamaa ol dubbatan adunyaarra faca'anii jiran lakkoofsaan beekamuu baatanillee, hayyoonni xiinqoqaa tilmaamaan afaannonnii 5000 biyyoota 200 keessatti akka dubbatanitti kaa'u. Kana jechuun, biyyoota kana tokko tokkoon isaanii keessatti tilmaamaan afaanota 25 dubbatama jedhamee yaadama. Akka Grosjean (1982: Vii) tilmaamee ka'etti jiraattonni hawaasa adunyaa walakkaa ta'an afaan lama (bilingual) kan dubbatanii fi aflamumman (bilingualism) immoo biyyoota adunyaa hunda keessattuuu ni'argama jechuun ibsee jira.

Kanaafuu, aftokkeen (monolingualism) dhimma adda ta'e kan bakka bu'uu dabalataan hayyoonni xiinqoqaa hedduun xiyyeeffannaa ol aanaa kennuufiin dudhaa dayeessa afaanii keessaatti galchanii jiru. Fakkeenyaaf, Chomsky (1965:3) daangaa afaan itti qoratamu akka itti aanu kanatti ibsee jira. Dhimmii daayeessaa ykn yaadhiddamaa (theory) xiinqoqaa inni jalqabaaisaan dubbattootaa fi dhaggeeffattoota hawaasa afaan tokko dubbatan afaan isaanii sana sirriitti qulqqulleessanii beekaniidha jechuun ibsee jira. Gara biraatiin, hawaasa waimakoo (heterogeneous communities) aafheddumman keessa jirutti namoonni afaan beekan sana sirriitti walqixa hin dubbatan. Hawaasni namoota akkanaa hawaasni afaan lama ykn afaanota baayyeetti waan ta'e tokkoof waan hin tajaajjilamneef gara afheeddummaatti deemu.

Afheddummaan aadeemsa sammuu nama dhuuunfaa akkasumas maatii, hawaasaa fi sammuu biyyaa keessa kan jiruudha. Hayyoonni xiinsammuu gama isaaniitiin aafheddumman dhiibbaa inni adeemsa sammuu irratti qabu kan dubbatan yeroo ta'u, qorattoonni hawaassumma immoo aafheddummaa (sociologists) akka caacculee (elements) walddiddaa aadaatii fi fidumsa xiinqooqa heddee (linguistic heterogeneity) akka taatee hawwaasummaatti fudhatu.Hayyoonni barnootaa immoo gama isaaniittiin

dhimma aafheddummaa kana imaammata hawaasaattiin walqabsiisu. Gaaffii inni bu'uuraa walitti dhufeenya afheddummaa fi danddeetti sammuu gidduu jirufi afheddumni tokko tokko gaarii ykn yaraa fi haala isaan irraa ka'an barnoota keessatti galchu.

Dirree qorannoo addunyaa keessatti afheddumman akka caacculee barbaachisaa fi walquunnamtii aadaa waljijjiiruutti ilaalama.hata'u iyyuu malee, dirreewwan kana tokkoo tokkoo isaanii keesstti aafheddummaan akka waan lammataatti kan ilaalamuufi akka dhimma biraatti kan ilaalamaa turee ykn immoo akka dudhaa irraa maquutti ilaalamaa kan tureedha.

Dirree qorannoo xiinqooqaatiin xiyyeeffannoon mala walitti dhufeenya afaanii (language contact) qo'achuu irratti kennamaa deemuuurraan kan ka'e yeroo ammaan kana dirreen qorannoo xiinqoqaa "cotact linguistics" jedhamu yeroo ammaa balinaan gama adeemsaa fi fidumsa haalawwan kamii afaanooti lama ykn lamaa ol walittidhufan kan qoratuudha.

Dirreen qorannoon qorannoo kanaan walfakkaattu xiyyeeffannoo afaanii Pijinii fi Kiri'onni jedhamanii fakkeenyaaf gareen walitti dhufeenya qaban afaan walii isaanii kan hin barree ykn afaan kan biraa bal'inaan ittiin walqunnaman kan qaban ni argamu jechuun Roman 1988 ni ibsa.Hayyoonni xiiqooqaawalitti dhufeenya afaanii qoratan jijjirama sadarkaa adeemsa xiinqoqaa dubbattoota gidduu jiran akophaatti qorata. Kanaafuu xiyyeeffannaa waltti dhufeenya dhugaa aafhedduma namoota dhuunfaa kan hin ilaalleedha. Adunyaa kanarra namoota miliyoona afur jiran keessaa walakkaa ol kan ta'an afaan Ispaanishii (Ispanish) kan dubbatan fakkeenyaafaaf haala afaan biroon walitti dhufan balinaan kan qabaniidha.

### 3.1 Madda Dhuftee Afheddee: Ka'umsaa fi fidumsa

Afheddeen haala jireenya jabanoota dur darbaniifi umuurii dhuftttee dhala namaa umuurii walqixa akka qabutti dubbatama. Lafoota hawaasni irra jiraatan citanii kophaatti jiran muraasa ta'an irraa kan hafe hawaasni kam iyyuu yeroo kamuu garee hawaasa biroon kan walitti dhufeenya qabuufi kan gama dinagdee yookiin hawaasummaan kan walquunnamuu ykn gama meeshaan kan, beekumsaan,adeemsa fuudhaafi heerumaan kan walitti hidhamuudha.Akka kitaaba qulqulluu keessaatti ka'amee jirutti, aafheddummaan yookiin adaan garaagaraa hedduu ta'ee dubbachuun kan dhufuu danda'ee abaarsa warra

Baabiloon durii irraa ta'uu dubbata.jabanoota qaroomaan duraa keessa namoonni afaan tokko dubbatu.Hata'u malee Waaqayyoo gochaa isaan gamoo isaan achii ol dhaabanii waaqatti ol ba'uuf yaadan sana ilaalchisee akka afaan gara garaa dubbataniif isaan adabeetti dubbatama. Kanarraan kan ka'e afheddummaan gara fuulduraatti gamtaan walii galanii hojjechuuf gufuu akka ta'ee fi dhalli namaa adunyaa kanarraa waan argachuuf qabu akka daangessetti fudhatama.

Odeeffaannoo ilaalcha waa'ee aafheddee dogoggora ta'an balinaan dubbataman amma iyyuu bakkuma sana kan jiranidha. Bara 1994 Rupert Murdoch namni jedhamu Raadiyoo Awustaraaliyaa irratti dubbiiaafheddummaa ilaalchisee dubbatee keessatti yarummaa aafheddeen qabu dubbatee ture. Akka ilaalcha namicha kanaatti aafheddeen (multiligualism) kan qoqqoodama fiduu yeroo ta'u aaftokkeen (monoligualism) immoo tokkummaa akka fiduttiidha. Akka namn kun dubbatette aafheedumnii biyyi Hindii tokkumma akka hin qabaannee kan taasisee fi aaftokkeen immoo biyyoota adunyaa kana keessaa afaan ingilizii dubbataan tokko taasiseera jechuun dubbatee ture.

Haata'u malee sababi nam kun dhiyeesse afaan tokko waliin dubbachuun siyaasaan ykn waan kamiinuu kan waqabatee hin deemneefi tokkummaa kanneen biroon kan walfaan hindeemneedha. Gama biro, Tokkummaa Ripaabilikiin Raashii durii tokkummaa addunyaa keessatti fiduuf hindandeenye. Tarkaanifii siyaasaa inni jalqabaa mootummaa aannoo Baltikii (Baltic) afaan isaanii fi aadaa isaanii ittiin beekaman deebisanii guddifachuuf afaan isaaniiafaan hojii taasifatan.

Dhalli nama aafheddee kallattii sirrii fi kallattii sirrii hin taaneen jaarraa dheeraafi addunya hawaasa ammayaan duratti imaammata Afaanii(Language Policy) yookiin karoora afaaniin "language Planning"n utuu hin dhufiin duraa ilaalaa tureera.

### 3.2 Walitti Dhufeenya Afaanii (Language Contact)

Walitti dhufeenyi afaanii jechuun afaan tokkoo ol ta'e bakka tookkoo fi yeroo tokkootti itti fayyadamuu jechuudha. Hiika kana akka salphaatti hunachuuf, fakkeenyaaf, gareen kara deemtotaa lama afaan garaa garaa dubbatan hoteela qabtanii jiran keessatti yeroo nyaata isaanii kushiinaa keessatti bilcheeffatan yoo lamaanuu afaan tokko qofa dubbatu ta'anii fi yoo gareen lamaanuu jechaan walquunnamuu hin dandeenye kun walitti

dhufeenya afaanii jedhama. Kun haala kara deemttonni afaan garaa garaa dubbatan walitti dhufeenya qaban kan agarsiisuudha. Inni kan biroon, namoota afaan tokkoo ol dubbatan kan ilaallatuudha. Walitti dhufeenyi afaanii afaan lama ykn aafhedduu qulqulleessanii kan dubbatan kan barbaadu miti. Garuu walquunnamtiin ta'e muraasni dubbattoota afaan garaa garaa gidduu jiru barbaachisaadha. Karadeemttonni duraanii sun sa'a lamaaf ykn sa'a sadiif yoo waliin bakka waa itti bilcheeffatan sana waliin turan waan muraasa ta'e waliin jechuun isaanii waan hafu miti. Yaaliin isaan godha kun xiyyeeffannoo hawwii namoota walitti dhufeenya afaanii baruu barbaadaniiti.

### 3.3 Gosoota Walittidhufeenya Afaanii

Mataduree kana keessatti gosoota bu'uura ta'an lama kan ilaallu ta'a. Gosi innii jalqabaa ce'umsa kallattii (*direct transfer*) bu'aan isaa battala mu'atu yeroo ta'u itti fufiinsaan caasaa afaan isa fudhatee sana jijjiiraa deema. Jijjiiramni kutaa afaanii inni jalqabaa itti dhihoo xiinjecha fi xiin hima afaan sanaa irrattiidha. Maddi dhiibbaa hawaasa alaa kun yeroo baayyee kana yeroo sirna garboosaafi daldaalaan wal keessa deemuu keessa kan maddeedha.

Gosti walitti dhufeenya afaanii inni lammataa turee dhiibbaa kan fiduudha. Dhiibbaan walitti dhufeenyi afaanii asitti fidu batal miti. Afaan isa fudhatu irratti jeequmsi inni fidu hin jiru.garuu, irraa jalaan oolee bulaa deemuu irran kan ka'e afaan kan biroo kutaa afaanootaa hawaasaa keessaa saaqee seenaa deema. Amalli haala akkanaa kun akka walii galaatti dhibbaa sadarkkaa gadi bu'aa ta'e kan akka: amala akkaataa waa itti dubbatamuu afaan tokko irraa afaan isa kan biraatti ce'uu ykn godaanuu. Kun immoo booda keessa yoo jijjiirama kallattiin fiduu baate illee gara caasaa afanichaatti kan deemuu ta'a. Jijjiirama suutaa suutaa kun baayyeen isaa caasluuga haaraa irrattiidha.

### 3.4 Afaan Jijijjiiranii gargaaramuu (Code-Switching)

Kun adeemsa taatewwan dubbaataan afaan tokkoo gara afaan biraatti ce'uun ykn afaan itti fayyadamaa ture irraa afaan biraatt fayyadamuuti ce'uu deebi'ee himuma sanaan gara afaani isa jalqabaatti ce'uuti. Waan kun maaliif akka ta'u danda'u yaadonnii heduutu jiran. Isaan keessaa sababoonni lama:

1. Dubbataan beekumsa afaan lammataa sana hanga ta'e kan qabuu fi waa'ee waan sanaa yeroo dubbatu gara sanatti ce'a.
2. Dubbaataan afaan lammaffaan sun akka ol aanaa ta'uutti hubbachuu ykn yaaduu irraa kana ka'e dubbiin isaa miidhagaa fi bareedaa akka fakkatuuf gara sanatti ce'uun itrtiin dubbata.

Afaan ceesifamu tarii jecha tokko ta'uu mala ykn ciroo mara (whole clauses) ta'uu danda'a. Inni ciroo kun seeraa cimaa waa'ee qabxiiwwa hima keessa jiranii ceesifamanii kan gaafatuudha. Afaan ceessifamu yoo hawaasa keessatti balinaan kan tamsa'e ta'eefii hawaasaan fudhatama argate guutummadhumaan gara afaan jalqabaatti akka ergisaatti ykn caasaan ce'uun taasifama.

**1. Maaltu Ce'eesifama? (What Gets Transferred?)**

Yeroo afaanni lama walitti dhufan maalttuu ergifatama jennee yoo ilaallee kallattiinis ta'e al kallattiin garaa garummaamaa kutaa afaanii cufaa fi banaa ta'an walitti dhufeenya kallatti tokko ta'e kan qabaniidha. Kutaan garee banaa ta'an jechootaadha. Isanis jechoota of danda'uu isaan salphaatti egifatamaniidha. Isaan lammataa immoo haasaa keessatti isaan walaba ta'an kan akka raajjeffannoo fi isaan qaama seerluuga afaanii hintaaneedha. Kan biroon salphaatti kan ce'uu danda'an kan akka jechamaati. Sababinni isaas, dubbattoonni garee jechootaa isaan cufaa ta'an haala garaa garaan dubbachuu hin danda'an yoo walitti dhufeenya cimaa qabaatan irraan kan hafe.Kana jechuun sadarkaan aafelamumaan haala barbaachisaa fuulaa fuulatti walitti dhufuu keessatti barbaachisummaa caacculee afaan garee cufaa ta'e tokkoo afaan biroo saaqee seenuutu jira.

### 3.5 Sababa Afaan Tokko Afaan Biroottii Walmaku (Reasons For Contact)

Afaanotti kallattii ittiin walitti dhufan hedduu qabu. Isaan bu'uuraa lamatu jiran: inni jalqabaa kallattiin dubbataan afaan tokkoo kallattii walakkaa dubbataa afaan biroo gidduu sababa miidhaan, godaansa ykn kooluu galtummaa fi sababa kkf. Inni lammataa immoo, gama dhibbaa ogbarruun ykn Televiziyoonaa fi raadiyooti.

Haala walitti dhufiinsaa isa kam keessattuu, haalawwa jijjiiramaa lamatu jira. Inni tokko ergifati jechootaa afaan tokko irraa garaa afaan lammataatti kan rawwatuudha. Inni lammataa caasaaleen afaan tokkoo yeroo afaan isa lammataa ykkn isa kan biro keessa seenuudha. Garaa garumman isaanii inni kan caasaa kan raawwachuu danda'u sadarkaan afaan lama dubachuu hawaasa keessa jiraachuu qaba. Ta'uu baannaan, dubbataan caasaa afaanichaa afaan lammataa irraa gara afaan tokkoffaatti ce'eesisu ykn dabarsu hin jiraatu jechuudha. Kallattii walitti dhufeenya haala alkalattiin ta'ee keessatti ergifati (borrowing) bakka dubbattoonn aafilamee hin jiraannetti raawwachuu danda'a. Hata'u malee, haala kana keessatti, walitti dhufeenyi ergifata jechootaatu raawwata.

### 3.6 Walitti Dhufeenyaa Afaanii Fi Afheddumma (Language Contact and Multiilingualism)

Haalawwan walitti dhufeenyaa afaanoota afaan tokko keessatti gara fuula duraatti waan fidu ni qaba. Yoo walitti dhufeenyi afaanii balinaan aafheddumman kan waliin deemu ta'e afaan lamaan haala salphaatti haala xiinjechaawwan adda baasuun qaaccessuunu ni danda'ama. Haalli kana keessatti baayyee adda ta'e tokko pijjiniinoota (pidgins) dha. Innis aaflamee addaan bahee sirrii hin taane waan ta'eef yeroo baayyee gosa qaaccessa afaanii kan barbaaduudha.

Aflamee keessatti yeroo baayee afaan inni tokko isa kan biroo irra aanuun of mulisuu danda'a; yoo afaanoti lamaan wal madaaluun dhimma siyaasaa ykn dhimma hawaasummaa oolan malee. Aflameen ifaatti idilawwaa ta'an "diglossia) jedhaman ni jiru. Kana jechuu haala afaan lama ykn afaan tokko gosa garaa garaa lama jireenya hawaasummaafi jireenya dhuunfaa garaa garaa keessatti fayyadamuudha. Tajaajjilli garaagaraa lamaan kun afaanichaafi wabii itti fufiinsaan jiraachuu hawaasa afaan sana dubbatuuti.

Kallattiin walitti dhufeenyaa haalota sadarkkaa hawaasumman kan adda bahuudha. Afanota laman keessaa tokko isa kan biroorra olka'ee mul'ata. Kun immoo afaan sadarkkaa olaanaa (superstrate language) jedhama. Inni kan biroon immoo afaan sadarkaa gadi aanaa (substrate language). Bakka muraasa tokko tokkotti, yeroo afaanoti lamaan

walitti siqeenyaan sadarkaa hawaasummaa keessatti walqixa ta'an tokko dubbatu (ad stratum languages) jedhaman.

Waliigalatti afaan innii sadarkaa olaanaa afaan isa sadarkkaa gadi aanaa irratti dhiibba ni uuma. Afaan sadarkaa gadi aanaas dhiibbaa ni uuma; hata'u malee dhiibban kun yeroo baayyee sadarkaan isaa gadi bu'aa fi caasaan afaanii gadi bu'aa sanaan walitti dhufeenya kallattii kan qabu miti. Kanaafuu, dhiibbaan sadarkaa afaan gadibu'aa madda jijjiirama walitti dhufeenya turee dhufuutti.

Afaan walmakuun ce'umsa caasaan afaan tokko afaan kan birootti haala fudhatama hin qabneen taasisuudha. Kana jechuun caasaan afaan sanaa seeraan yeroo gara afaan birootti yeroo ce'u afaan itti ce'e sana keessatti caaseffamni isaa wal simachuu dhiisuu mala; kanaaf fudhatama hin qabaatu.seeraan ala ta'a.

### 3.6.1 Jalqaba Walitti Dhufeenya Afaanii

Afaannii walitti dhufeenya waggoota kumaan lakkaawwamanii qaba. Jalqabi isaas dhallii namaa afaan tokkoo ol dubbachuu yeroo jalqabee kaasee akka ta'etti hubatama. Yeroon walitti dhufeenyi afaanii kun itti jalqabe kutanii ka'uudhaaf rakkisaadha. Garuu waggoota 100,000 dura ykn 200,000 dura ykn isaan dura ta'uu danda'a.

Gara seenaan duraa irraa gara yeroo seenaatti deebinee yoo ilaalle gabaasa seenaanaa galmeeffamee wa'ee walitti dhufeenya afaanotaa fi aadaa dala namaa hunda argina. Marsaa Gilgaameeshi geerarsa faarsaa beekamaa Baabiloon durii dhaloota Kiristtoosiin dura bara 2000 maddi isaa geerarsa Sumeer kan ta'e Biyya baabiloon qofa osoo hin taane aadaa fi afaan biyyoota bahaa itti dhihoo ta'anitti tamsa'eera. Kun immoo kallatti afaanoon ittiin walitti dhufan keessaa isa tokkoodha.

## 3.7 Jijjiirama Afaanii (Language Shift)

Filannoon guyyaadhaa gara guyyarratti bu'uurfate nama dhuunfaan taasifamu walitti dhufeenya dheerina yeroo keessa waan fidu qaba. Jijjiiramni afaanii yeroo baayyee aafheddee kan ofkeessaa qabuu fi akka sadarkaa adeemsa gara aaftokkee afaan haaraa uumamuuti.

Hawaasni afaan tokko dubbatuu walitti dhufeenya afaanootaa irraa kan ka'e dubbattoota afaan lamaa ta'u. yeroo baayyee aaflamee ta'uun isaanii kun immoo hawaasummaa isaan qaba kan cimsuuf ta'a. Kunis kan ta'uu danda'u hanga afaan isa jalqaba dubbatan sana gaddi dhiisaa dhufanitti aaflmee ta'uun akka ce'umsaatti itti gargaaramu.

Adeemsa haala akkanaa keessatti afaan ni bada ykn ni du'a. Badiinsi ykn du'iinsi afaanii kun biyyaa Awustaraliyaa keessatti kan raawateedha. Afaan jalqabaa Awustaraaliyaa Tasmania jedhamu adeemsa walitti dhufeenya afaanota Awuroopa waggaa 75 keessatti baduu danda'ee jira.

Qorattoonni hedduun aaflamummaan biyya Ameeriikaa keessatti bakka tokko dhaabbatee kan hinturre ta'uu isaa dubbatu. Biyyoonni biroonis aaflamummaa kana qabatanii kan tura tarii akka hin jiraanennetti amanu. Biyyi afaan lamee ta'an dheerina yeroo keessa gara afaan isa tokkootti ce'uun kan hafu waan hintaaneefiidha. Hata'u malee baayinni kooluu galtootaa haaraa ta'anii yeroo biyya tokko seenaan afaan isaanii gadi bu'aa dhufa. Sababni isaas afaan biyya itti kooluu galanii sana barachuun ittiin hojii biyya sana keessatti argachuun barbaachisaa waan ta'eefiidha.

Akka hayyuun Lieberson et.al.(1975) jedhutti, bara 1940 keessa dhaloonnii faranjii % 53 afaan Ingilizii akka afaan tokkooffaati kan dubbatan yeroo ta'u, dhaloonnii isaan duraan jiran %25 ta'an afaan Ingilizii akka afaan dhalootaatti kan dubbatan ta'uu hayyuu kun lafa ka'ee jira. Kun kan agarsiisu dhaloota tokko gidduutti jijjiramnii afaanii guddaa ta'e adeemsifamuu isaa kan agarsiisuudha.

Haluma walfakkaatuun biyya awustaraaliyaa keessatti afaan Ingilizii namoonni hin dubbanee haala adda ta'ee nama ajaayibsiisuun hirrisaa dhufan. Dalatoota Awustaraaliyaa %4.2 kan ta'an qofatu afaan Ingiliziin ala kan ta'e dubbata. Hta'u malee, gareen lammii qomaoo tokko ta'an afaan isaanii qabatanii turan ni jiru.Girikoon Awustaraaliiyaa (Greek-Australians) garee jedhaman afaan isaanii turfatanii jiru. Afaanoti garaa garaagara naannoo mootummaa bakka tokkotti walitti qabaman jiraatu.

Jijjiirama afaanii fi badiinsa ykn du'iinsa afaniif sababoota hedduutu jiran. Sababinni inni tokko koolu galttoonni (immigirants) dhiibbaadhan yookiin fedhii isaaniitiin gara bakka

afaan isaanii turfachuu hin dandeenyetti godaanuuti. Fakkeenyaaf Xaaliyaanota biyya Ameeriikaa keessa jiraatan.

Afaan akka du'uu fi akka baduuf sababinni inni guddaan baayyee beekamaa ta'e amantiidhaa fi barnootaan kan walqabate, namoonni afaan garaa garaa walfuudhuu, ilaalcha garee afaan olaanaa ta'eefi ilaalcha garee afaan gad aanaa ta'ee, imaammata mootummaa afaanii fi barnoota ilaalchisee baasu isaan kun marti jijjiiramaa fi badii afaanii keessatti gahee isaan qaban baayyee ol aanaadha.